# Nabiyyoota ana dura ergaman keessaa tokkoonuu hin ergamne duuka buutota fi waaheloota sunnaa isaa hordofanii fi ajaja isaa fudhatan qabaatu malee hin taane

Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan jedhan: «Nabiyyoota ana dura ergaman keessaa tokkoonuu hin ergamne duuka buutota fi waaheloota sunnaa isaa hordofanii fi ajaja isaa fudhatan qabaatu malee hin taane. Sana booda ummata waan jedhan hin dalagne, waan hin ajajamin ammoo kan dalagantu hafan, namni harka isaatiin isaan irratti qabsaa’e inni mu’umina. Namni arraba isaatiin isaan irratti qabasaa'e inni mu'umina, namni qalbii isaatiin isaan irratti qabsaa’e innis mu'umina. kana booda Iimaana irraa wanni hanga firii raafuu hin jiru».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ummata isaa irraa namoonni qulqulluu, deggertoonni fi Mujaahidoonni garaa qulqulluu ta'an, isa boodaa bakka bu'ummaaf kan tolan, sunnaa isaa qabatanii kan ajaja isaa fudhatan isaaf ta'an malee Rabbiin ummata isaan duraa keessatti akka nabiyyii tokko hin ergin himan. Ergasii booda warra gaggaarii kanaatii ummanni kheyriin isaan keessa hin jirre akka dhufanii fi isaan waan jedhan akka hin raawwannee fi waan itti hin ajajamin akka raawwatan, namni harka isaatiin isaan irratti qabsaa’e inni mu’umina, namni arraba isaatiin isaan irratti qabasaa'e inni mu'umina, namni qalbii isaatiin isaan irratti qabsaa’e innis mu'umina akka ta'ee fi sana booda Iimaana irraa wanni hanga firii raafuu takka hin jirre himaniiru.

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3480